## Yaadannoon Guyyaa Gootota Oromoo Sochii Warraaqsaan Yaadatama!!

## Dhaamsa Gabaabaa Qeerroo; Bilisummaa Oromoo

Ebla 22, 2016

Ebilli 15 Guyyaa Gootata Oromoon Cinatti baatiin Ebila Sochii Warraaqsaa Biyyoolessaa Oromiyaa (FDG-FXG) ifatti bifa qindaa'ee fi ijaarameen gaggeessuu itti eegallee waan ta'eef Qeerroo bilisummaa Oromoo; gootota barattoota dargaggoota/shamarran Oromoo fi Uummata Oromoo bal'aa biratti bifa adda ta'een Ilaalama. Gumaan gootota Oromoo kab bahu akeeka isaan itti wareegamaniif galmaan gahuu qofaan waan ta'eef guyyaan Yaadannoo kun sochii Warraaqsaa FXG marsaa 5ffaa jabeessuun warraaqsaan yaadatama!!

Warraaqsi biyyoolessa Oromiyaa gaggeessuummaa Qeerroo bilisummaa Oromoo fi gootota barattoota Oromoo dhaabbilee barnoota olaanoon Ebila 11/2014 bifa qindaa'ee fi ijaarameen qabsiifame. Ebila 22/2014 godina lixa Shaggaritti addatti immoo magaalaa Amboo keessatti guyyaa seena qabeessa. Guyyaa Uummatni Oromoo bara 2014 Warraaqsa gara jalqaba baatii Ebila 11/2014 Yuunibarsiitii Jimmaa irratti qabsiifame simachuun Ebila 22/2014 magaalaa Amboo fi aanota godinichaa keessatti qabsoon FDG akkaan kan finiinee fi magaalaa Amboo keessatti Qeerroon dargaggootni, gootothi barattootni Oromoo fi Uummatni Oromoo jiraattootni magaalaa Amboo karaa nagaa gaaffii mirga abbaa biyyummaa kan bilisummaa fi dimookiraasii fi mormii Master Pilaanii Finfinnee dhiyeeffachuun hiriiraa guddaa Magaalaa Amboo keessattui gaggeessuu Wareegama qaalii akkan ulfaataa ta'ee kan kan itti kanfaledha.

Ebla 22/2014 yoo Xiqqaatee Ilmaan Oromoo 60 olitti lakkaa'aman guyyaa tokkootti magaalaa Amboo Keessatti Waraana Wayyaaneen guyyaa adii uummatarratti babbaasteen Wareegaman. Kun yakka waraanaa kan guyyaa tokko qofa keessatti rawwatame (Amboo Massacred) jedhamee beekamudha. Sochiin warraaqsaa fi dirmannaan uummata Oromoo akkan dabaluun godinaalee Oromiyaa hedduu keessatti warraaqsii FDG haalaan finiinee itti fufe; Amboo fi godinaalee Oromiyaa Cufa keessatti baatii sadii oliif diddaan jabaatee kan itti fufe, addatti immoo Ebla 22/204 Wareegama Ulfaata Amboo irratti uummatni keenya kanfaleen wal qabatee itti fufuun sochiin cimaan gara aanaawwaan godinalee Oromiyaa fi dhaabbilee barnootaa kan akka Yuunibarsiitii Amboo, Wallaggaa, Jimmaa, Madda walaabuu,

Harammayyaa, Adaamaa, Bulee Horaa, Finfinnee fi Yuunibarsiitii Mattuu keessatti Warraaqsii FDG haalaan jabaachuun itti fufee ilmaan Oromoo qaaliin wareegama ulfaata kanfalan waan ta'eef Seenaa qabsoo FDG-FXG keessattii fi Uummata Oromoo biratti bifa adda ta'een kan kabajamuu fi yaadatamuudha.

Walumaa galattii Ebla 11/2014 Warraaqsaa FDG Qeerroon barattootni Oromoo bifa ijaaramee fi qindaa'een qabsiisanii torbaan tokko keessatti sochiin mirga ofiif falmachuu Oromiyaa keessatti jabaachuu irraa mootummaa abbaa irree, (Wayyaanee) miilla tokkoon dhaabe. Ilmaan Oromoo 200 olii waraana abbaa irree Wayyaaneen guyyaa saafaa ajjeefaman, Ilmaan Oromoo wareegama qaalii kan itti kanfalan ta'uun baatiin Ebilaa kun beekaama. Dargaggootni fi gootootni barattootni Oromoo wareegama baasuun qabsoo itti fufsiisuun hidhaa jumlaa, ajjeechaa fi madeeffamuun kaayyoo dhugaa boodatti deebisuu hin danda'uu jechuun qabsoon finiinee sadarkaa har'a irra jiru FXG kan xumuraa abbaa irree irraa ga'ee jira!!

Gootootni Qeerroon bilisummaa Oromoo fi dargaggootni barattootni Oromoo bifa adda ta'ee fi bilchina qabu kanaani Warraaqsaa finiinsuun kaayyoo gootootni Ilmaan Oromoo qaaliin irratti wareegaman galmaan ga'uuf kan akeekkatee qalbiitti qabachuun Yeroo amma kana sochiin FXG wal irraa hincitnee marsaa 5ffaa gaggeessa jirruu daran ittin jabeeffannudha. kaayyoo qabna, kaayyoo dhugaa kan bilisummaa, dimmookiraasii haqaa, kan mirga abbaa biyyummaa kan gootootni keenya kumaatamni irratti wareegamuun sadarkaa har'a qabsoon bilisummaa Oromoo irra ga'ee jiru fi dhimmi Uummata Oromoo dhimma gaanfa Afrikaa ta'uun sadarkaa Idil-Addunyaatti illee mul'atee beekamuun dhageetti argataa dhufee dha.

Mootummaa gabronfataa wayyaanee EPRDF/TPLF/OPDOtti xumura itti gochuun bilisummaa uummata keenyaa akka mirkaneessinuu fi mootummaa bulchiinsa dimookiraasii irratti bu'ureeffame gadi dhaabuun biyyaa keenya Oromiyaa walaboomsuuf yeroon dhiyaataa jira. Yeroo kana keessatti Ummata Oromoo akka Sabaatti, Jaarmiyaalee Siyaasaa Oromoo, daragaggoota/ shamarran fi barattoota Oromoo hundaaf, dhaamsi dabarsinu tokkummaa keenyaa akka sibiilaatti jabeeffataa furmaatni keenya waliigalaaf Warraaqsaa FXG marsaa 5ffaa egallee jirruu jabeessuun bakka jirru hundaa yeroon sochii warraaqsaa jabeessinuu fi wareegama kamuu baasuun mootummaa Wayyaanee of irraa qaarisnu amma ta'uu dhaamnaa; Warraaqsii biyyooleessa Oromiyaa FXG marsaa 5ffaa godinaalee Oromiyaa cufa keessatti daran jabaachuun akka itti fufu ta'uu hubachiifan.

Injifannoon uummata Oromoof!!

Gadaan Gadaa Bilisummaat!!

Qeerroo Bilisummaa Oromoo

Ebla 22/2016